# XIINXALA ITTI FAYYADAMA SIRNA TUQAALEE KITAABA ASOOSAMAA GALFATA IRRATTI KAN XIYYEEFFATE

**MAQAA QORATTUU: ALMAAZ TAADDASAA**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII BACHILARII AARTII**

**AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI QUUNNAMTII**

**GAMISAAN GUTTACHUUF DHIYAATE**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORII**

**KOLLEEJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANOTAA**

**JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII**

**YUUNIVARSITII FINFINNEE**

**FULBAANA 2014/2021**

**FINFINNEE OROMIYAA**

# XIINXALA ITTI FAYYADAMA SIRNA TUQAALEE KITAABA ASOOSAMAA GALFATA IRRATTI KAN XIYYEEFFATE


**MAQAA QORATTUU: ALMAAZ TAADDASAA**

**GORSAAN: DINQEESSAA DHEERESSAA (PhD)**


**WARAQAA QORANNOO DIGIRII BACHILARII AARTII**

**AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI QUUNNAMTII**

**GAMISAAN GUTTACHUUF DHIYAATE**


**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORII**

**KOLLEEJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANOTAA JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII**

**YUUNIVARSITII FINFINNEE**



**FULBAANA 2014/2021**

**FINFINNEE OROMIYAA**

# GALATA

Jalqaba irratti kanan utuu hin galateeffatin bira kanan hindarbine, waaqa isa kanaan na ga’edha. Akkasumas, dadhabe nuffe utuu hin jedhin, beekumsa qaban narraa utuu hin qusatin galma ga'iinsa qorannoo kanaaf lafee dugdaa kan naaf ta'an, na gorsaa turan gorsaafi barsiisaa koo Dinqeessaa Dheeressaa(PhD) hedduun galateeffadha. Itti dabalees firaafi maatii koo hundaaf galatni koo daangaa hin qabu! Dhumarratti hiriyootakoo yaadaafi beekumsa qabaniin na cina dhaabbachuun tumsa naaf goodhaniif galanni koo kaasuu guutuudha.

# Baafata

**Qabiyyee** **Fuula**


GALATA ........................................ i

**Baafata** ........................................ ii

*Axareeraa* ........................................ iv

Boqonnaa Tokko: Seensa ........................................ 1

1.1 Ariirrata Qorannichaa ........................................ 1

1.2 Ka’umsa Qorannichaa ........................................ 2

1.3. Kaayyoo Qorannichaa ........................................ 3

1.4. Faayidaa Qorannichaa ........................................ 3

1.5. Daangaa Qorannichaa ........................................ 4

1.6.Hanqina Qorannichaa ........................................ 4

1.7. Saxaxaafi Malleen Qorannichaa ........................................ 4

1.7.1 Saxaxaa Qorannichaa ........................................ 4

1.7.2. Madda Ragaalee ........................................ 5

1.7.3. Tooftaa Funaansa Ragaalee ........................................ 5

1.7.4. Mala Iddaatteessuu ........................................ 5

1.7.5. Tooftaa Xiinxala Ragaalee ........................................ 6

Boqonnaa Lama: Sakatta’a Barruu ........................................ 7

2.1. Sakatta’a Barruu Yaadrimee ........................................ 7

2.1.1. Maalummaa Sirna Tuqaalee ........ 7

2.1.2. Gosoota Sirna Tuqaalee ........ 9

2.1.3. Gahee Sirni Tuqaalee Barreeffama Keessatti Qabu ........ 13

2.1.4 Sirna Tuqaalee Seeraan Fayyadamuu Dhiisuun Ergaa Barreeffamichaa Irratti Maal Uuma? . 17

2.2. Sakatta'a Barruu Walfakkii ........ 19

3.2.1.Mallattoo gaaffii (?) ........ 20

3.2.2.Mallattoo Raajeffannaa(!) ........ 21

3.2.3.Qoodduu (,) ........ 21

3.2.4.Buufata xiqqaa (;) ........ 22

3.2.6. Waraabbii("") ........ 22

Boqonnaa Afur: Gudunfaa, Argannoofi Yaboo ........ 26

4.1. Gudunfaa ........ 26

4.2. Argannoo ........ 27

4.3. Yaboo (yaada Furmaataa) ........ 27

Wabiilee ........ 29

Waraqaa Mirkaneeffannoo ........ 31

### ***Axareeraa***

*Xiyyeeffannaan qorannoo kanaa xiinxala itti fayyadama sirna tuqaalee kitaaba asoosamaa 'Galfata' irratti kan xiyyeeffateedha. Kaayyoo qorannoo kanaa galmaan ga'uuf malli qorattuun dhimma itti baatee, maddi ragaa qorannichaaf ta'u iddata mit-carraatti gargaaramun dhimma itti ba'ameera. Odeeffannoon kanneen kan ittiin funaaname, mala qorannoo akkamtaa fayyadameeni. Kunis oddeeffannoon funaanname sakatta'a dookimeentiin waansassaabameef jechaan qaacceffamuu isaati. Haaluma xiinxala ragaaleerraa argameen sirnoota tuqaaleetti haala sirrii ta'een asoosamicha keessatti fayyadamuufi hanqinoota sirnoota tuqaalee afaanicha keessatti tajaajilan iddoo galuu qaban malee barreeffama asoosamichaa keessatti galchuunidha. Ogummaa sirna tuqaalee afaanicha keessatti tajaajilan kana guddisuuf, seera itti fayyadamafi tajaajila tokkoon tokkoo sirna tuqaalee fayyaduuf, hubachuufi shaakaluu akkasumas, kan muuxannoo qaburraa baruudha.*

# Boqonnaa Tokko: Seensa

## *1.1 Ariirrata Qorannichaa*

Afaan Oromoo afaan barnootaafi afaan ogbarruuwwan garaagaraa ittiin barraa'u erga ta'ee, bubbuleera. Haata'u malee, Afaan Oromootiin barreeffamoonnii ogummaalee afaanii garagaraan hanqinaalee adda addaa agarsiisu. Ogummaa afaanii keessaa ogummaan barreessuu isa tokko yemmuu ta'u, ogummaan kunis barreessuu yookaan qubeessuu danda'uu qofaan kan murtaa'u osoo hin taane, wantoota ogummaa kana keessatti hammataman keessaa tokko sirna tuqaalee yoota'u, barreefamni tokko ergaa sirrii ta'e akka dabarsuufi dabarsuu hin dandeenyeef gahee guddaa qabu(Misgaanuu, 2011).

Akka yaada barreessaa kanarraa hubatamuutti sirnoonni tuqaalee ergaa barreeffaman gargaaramuun dabarfachuun barbaadame tokko keessatti adeemsa mataa isaa qabaachuufi iddoo olaanaa kan qaban ta'uu isaaniiti. Afaan haala gaarii ta'een dubbachuu beekuuf seera afaanichaa beekuun itti fayyadamuun tokko miti. Dhimma kana gama afaan dubbiifi barreeffamaatiin yoo ilaalle, karaa barreeffamaatiin kan dogoggora uuman namoota afaan hinbeekne qofa osoo hintaane namoota afaanicha dubbatan birattillee barreeffaman ergaa dabarfachuu keessaa dogoggorri sirnoota tuqaaleetti seeraan ala bakka galuu qaban malee galchuun barreeffama keessatti fayyadamuufi tasumaa itti fayyadamuu dhiisuu bal'inaan nimul'ata(Tafarii,1998 ).

Barreeffama kamiyyuu keessatti sirni tuqaalee faayidaa guddaa qabaata. Kunis barreeffamichi hiika akka qabaatu taasisuufidha. Sababa hanqina sirna tuqaaleerraan kan ka'e barreeffamni ogbarruuwwan garaagaraa keessatti dogoggoorri hagam nu mudachaa jira. Kanaafuu, rakkiinoota jiran kanaaf furmatni barbaachisaa ta'uu isaa waan itti amanameef, mataduree kana filachuun irratti hojjachuuf kan na kakaasee keessaa tokko sirna tuqaaleeti..

Qorannoon kun kan adeemsifamu, gosoota ogbarruu barreeffamaa keessaa tokko kan ta'e asoosama 'Galfata' jedhu, Lalisaa Indirisiin kan barreeffame sirnoota tuqaalee irratti rakkinootaafi cimina jiran addaan basuudhaan xiinxalli irratti kan taasifamudha.

## *1.2 Ka'umsa Qorannichaa*

Barreeffamni tokko walqunnamtii hiika qabeessa ta'e barreessaafi dubbisaa gidduutti uumuuf yaadni haala ifa ta'een qindaa'ee dhiyaachuun barbaachisaadha. Kanaafuu, gama sirna tuqaalee fayyadamuun barreeffama keessatti amaloota sirna tuqaalee beekuun baay'ee barbaachisaadha.

Mataduree kana filachuuf, kan nakakaase, barreessitoonni ogbarruu sirna tuqaalee fayyadamuun barreessuu keessatti barreessitoonni hanqina qabaachuun isaanii waan hinoolleefidha. Akkasumas, dandeettiiwwan fayyadama sirna tuqaalee irratti mul'atu akka dogoggora salphaatti yookaan xiqqootti waan ilaalamuuf, qorannoon dhimma kana ilaalchisuun akka Afaan Oromootti bal'inan taasifamee hinjiru waan ta'eef.

Kanaafuu, qorannoon kun rakkoo sirna tuqaaleerratti mul'atan madda rakkinichaa addaan baasuufi rakkoo jiraniif furmaata barbaadudha. Odeeffannoon kunis kitaaba asoosamaa Galfata keessaa funaanamee irratti hunda'uunis tooftaa yookaan furmaata bu'a qabeessa lafa kaa'uudha.

Akkasumas, Afaan Oromoon barreessuu keessatti seerota afaan kun of keessaa qabu hordofuun barreessuun dirqama raawwachuun eegamuudha. Dirqama eegamu bahuuf immoo dhimmoota raawwatamuu qabu adda baasanii beekuufi hanqina dogoggorri kun fidu maal akka ta'e dursanii beekuun barreessaarraa eegama. Kanumaan walqabatee, qorannoo kana keessatti gaaffileen bu'uraa armaan gadii deebisuuf niyaalama:

1. Barreessichi fayyadama sirna tuqaalee irratti maal fakkaata?

2. Asoosama Galfataa keessatti sirna tuqaalee barreessichi seeraan itti gargaarameeraa?

3. Barreeffama asoosamichaa keessatti sirna tuqaalee ergaa barbaachisu dabarseeraa?

## *1.3. Kaayyoo Qorannichaa*

Kaayyoo gooroon qorannoo kanaa, kitaaba asoosamaa ‘Galfata’ jedhu, itti fayyadama sirna tuqaalee xiinxaluun bu’aa isaa ka’uu; yammuu ta’u, kaayyoowwan gooreen armaan gaditti taa’anii jiru.

Kaayyoowwan Gooree Qorannichaa:

1.Barreessichi itti fayyadama sirna tuqaalee irratti ogummaasaa ibsuu.

2.Asoosama Galfataa keessatti barreessaan sirna tuqaalee seeraan itti fayyadamuu irratti hanqinaafi ciminasaa ibsuu.

3.Barreeffama asoosamichaa keessatti sirnoonni tuqaalee ergaa barreessichaa ammam akka dabarsan xiinxaluun ibsuu.

## *1.4. Faayidaa Qorannichaa*

Faayidaa qorannoon kun qabu keessaa inni guddaan hanqina itti fayyadama sirna tuqaalee barreeffama kitaaba ogbarruu Afaan Oromoo keessaa asoosama Galfata keessatti rakkoowwan gama sirna tuqaaleetin mul’ataan addaan baasuudhaan sirreeffamni barbaachiisaa ta’e akka fudhatamu beekumsa laachuun kaayyoo kanaati. Haaluma kanaan, bu’aa qorannoo kana irraa qaamoleen armaan gadii fayyadamtoota nita’u. Isaanis:

1. Barattootnis ta’e barreessitoonni ogbarruu Afaan Oromoo, sirna tuqaalee erga dabarsuu barbaadame faalleessuu akka danda’u hubachisuun barreeffama keessatti itti fayyadama sirna tuqaalee irratti of eegannoo barbaachisaa ta’e akka godhamu yaalii gochuudhaan akka baratan gochuu.

2. Namoota mata duree kanarratti qorannoo gaggeessuu barbaadaniif akka ka’umsaatti isaan gargaara.

3. Barreessitoonni Afaan Oromoo ammam akka sirni tuqaaleen barreeffama irratti dhiibbaa uumu beekuun irratti xiyyeeffatanii hojjechuun bu’aa akka argamsiisan nigaragaara.

## *1.5. Daangaa Qorannichaa*

Qorannoon tokko wayita geggeeffamu, daangaa mataasaati qaba. Haaluma kanaan qoorannoo kanaafis daangaan kennamee jira. Daangaan qorannichas barreeffamoota Ogbarruu Afaan Oromoo keessaa, kitaaba asoosamaa 'Galfata' jedhu, Lalisaa Indirisiin kan barreeffame irratti itti fayyadama sirna tuqaalee xiinxaluudha.

## *1.6.Hanqina Qorannichaa*

Qorannoon kun yommuu geggeeffamu hanqinoonni  tokko tokko na mudataniiru. Hanqinoonni akka: yeroofi wabiilee na mudataniiru. Haa ta'u malee, hanqinoota kanneeniif furmaata barbaaduun qorannoo kana gaggeesseera. Kunis hanqina yeroo, yeroon qabu qoqqoodee fayyadamuun, hanqina wabiilee kitaabilee jiranitti haala barbaachisummaa isaatiin dhimma bahuun furmaata argachuu danda'eera.

## *1.7. Saxaxaafi Malleen Qorannichaa*

### 1.7.1 Saxaxaa Qorannichaa

Qorannoo kanaaf malleen qorannoo keeessaa isaan adda addaatti gargarama.  Mala qorannoowwan kana keessaa mala akkamtaattin fayyadama.  Qorannichis yemmuu gaggeeffamu, malleen qorannoo jiran keessaa: qorannoo ibsatti gargaarameeni. Adeemsi kun mala qorannoo saayinsawwaa kan hordofe yoo ta'u, yaadumaa kana Yohannes (2008) yoo cimsu, "qorataan mata-duree filate, barruu sakatta`a, oddeeffannoo funaannate sana ibsuun argannoorra ga'a " jedha.

Akka yaada kanarraa hubannuutti, qorannoo tokko mala adda addaatti gargaaramuun furmaata tokkorraa gahuun kan danda`amu ta`uu isaati. Yaaduma kanarratti hundaa`uudhaan, qorannoo kanaaf qorannoo akkamtaa fayyadamee, dhimmoota qorannicha keessatti dhiyaatan jechaan waan ibsuufi.

Yaaduma kana Ahmed and Mengistu,(barri irra hinjiru). Yemmuu deeggaru,"Qorannoon akkamitti gaaffiiwwan kanneen akka;`Maaliif?.Akkamitti?`jedhan deebisuuf carraaqqii taasisa.

Akaakuun qorannoo kanaa dhimmoota qorannicha keessatti dhiyaatan mara jechaan ibsa" jedha. Qorannoo kana keessattis odeeffannoowwan funaanamu jechaan ibsa. Walumaagalatti qorannoon kun mala qorannoo akkamtaatti gargaaramuun, xiinxalli kan geggeeffamudha.

### 1.7.2. Madda Ragaalee

Qorannoo kana keessatti akka iddattootti kan filatame, kitaaba asoosamaa "Galfata" jedhu Lalisaa Indiris Adamiin kan barreeffe irratti. Asoosamicha keessattis, gosoota sirna tuqaalee ibuun, mataduree matadureen, addaan baasuun dhiyeessuudha.

### 1.7.3. Tooftaa Funaansa Ragaalee

Qorannoo tokko yeroo adeemsifamu, qorannoo nama geggeessu sanaaf kan mijatu meeshaalee (malleen) odeeffannoo itti funaannatu filachuun barbaachisaadha. Qorannoo kana keessattis ragaalee qorannookoo deeggaraniif kanan ittiin funaannadhu, meeshaalee funaansa odeeffannootif tajaajilan keessaa sakatta'aa dookumeentii fayydamuun qorannookoo geggeessa.

### 1.7.4. Mala Iddaatteessuu

Bu'aa qabeessummaa qorannoo tokkoo ilaalchisee Addunyaan (2011 ) yoo ibsu,‟qorannoo gaggeeffamu tokko keessatti iddattoo filachuun waan hinoolledha. Kanniin dhimmichi ilaallatu hundarraa odeeffannoo funaanuun rakkisaadha waan ta'eef‟ jedha. Yaada kanarraa wanti hubatamu odeeffannoo madda ragaa irraa funaanuun iddattoo malee akka ulfaataa ta'eedha.

Yaaduma kana deeggaruun Girmaa (2014) yoo ibsu,„‟A sample is asegment of the population selected to represent the population as awhole „‟ Akkuma yaada kanarraa hubachuun danda'amutti yoo danda'ame madda ragaa irraa odeeffannoo funaani; ta'uu baannan, kanniin eeraman keessaa iddattoo filachuun akka gaggeessamu lafa kaa'a.

Iddattoon qorannaa kanaaf Irraawwatamni qorannoo kanaa kitaaba asoosama "Galfata" kan jedhu yoo ta'u, kitaaba kanarratti qorannoo geeggeessuuf malli iddatteessuun filadhees, tooftaa iddatteessuu kaayyeffataatiin. Odeeffannoo qorannoo kanaaf barbaachisu, kitaabicha keessaa argachuun kan raawwatameedha. Geggeessa qorannoo tokkoo keessatti iddattoofi iddatteessuun barbaachisaadha. Kanaafuu, kitaaba asoosama dhiheenya kana ba'an hunda isaanii irratti

qorannicha adeemsisuun ulfaataa ta'uurra darbeeyyuu, qorataan tokko qorannoo yemmuu geggeessutti kanneen dhimmichi ilaallatu hundarraa odeeffannoo funaanuun rakkisaa waan taheef iddattoo filatamerraa odeeffannoo argamu bu'uura godhachuun argannoo isaa qaamolee dhimmichi ilaallatu maraaf oolchuun nidanda'ama, jechuun Addunyaa (2011:65) ibseera. Kanaaf kitaabilee asoosamaa jiran keessaa asoosama "Galfata" mala iddatteessuu mitcarraatiin iddattoo qorannichaa taasifachuun filadheera.

### 1.7.5. Tooftaa Xiinxala Ragaalee

Qoratuun qorannoo ishee keessatti ragaalee argatte mala xiinxala ragaalee jiran keessaa mala akkamtaatiin xiinxaltee jirti. Sababni qorattuun kun mala kana filatteef odeeffannoon iddattoo irraa argadhe lakkaawamuu yookan bifa lakkoofsawaatiin taa'uu hin danda'u waan ta'eefi.

# Boqonnaa Lama: Sakatta'a Barruu

## *2.1. Sakatta'a Barruu Yaadrimee*

### 2.1.1. Maalummaa Sirna Tuqaalee

Sirna tuqaalee jechuun mallattoolee barreeffama afaan tokko keessatti bakka barbaachisaa ta'anitti galuun ergaan barreeffama afaan ittiin dhihaatee akka inni haala gaariin darbu taasisaniidha.

Sirni tuqaalee barreeffama tokko keessatti faayidaa guddaa kan qabu yoo ta'u, kanumaan wal qabsiisun sirna tuqaalee jechuun, "Haala boqatuun yookaan himni tokko yoo ijaaramu kan ittiin fayyadamnu mallattoo adda addaati" jechuun ibsa (Waasanee,1996:210).

Ibsa armaan olii kanarraa kan hubatamu sirni tuqaalee ergaa barreeffamaan dabarsuu keessatti mallattoolee hedduuminaan fayyadaman ta'ee, itti fayyadamni isaa haala ergaa barreessaan dabarfachuuf barbaaderratti kan hundaa'u ta'u isaati. Hima tokko ijaaru keessatti sirni tuqaalee mallattoo milkaa'ina erga barreeffama sana haala barbaachisaa ta'een bakkaan gahuudha. Ergaa tokko barreeffamaan dabarsuu keessatti sirni tuqaalee baay'ee barbaachisaadha.

Sanford (1977:287) sirna tuqaalee yemmuu ibsu, "Sirnni tuqaalee hedduun isaanii himni tokko akkamiin akka dubbifamanif kan gargaarudha. Fakkeenyaaf, mallattoon gaaffii (?) himni tokko gaaffii akka ta'e ibsa akkasumas, mallattoon tuqaa (.) himni tokko akka xumarame agarsiisa".

Alamirew (2008:117) Sirna tuqaalee yemmuu ibsu,"Sirni tuqaalee dubbisaan tokko haala salphaa ta'een barreeffamicha akka ilaaluufi hubatuf akkasumas, barreeffamichi sirnoota tuqaalee adda addaan akka ifa ta'uuf kan gargaarudha".

Akkuma yaada hayyoota kanarraa hubachuun danda'amutti, sirna tuqaalee haala seerri afaan tokko eeyyamuun barreeffama adda addaa keessatti fayyadamuun akka dubbisaan barreeffamichaa akkaataa barreessan ergaasaa dabarfachuu barbaaden hubatuuf kan gargaaran yemmuu ta'an, kunis yaa'a yaadichaa haala sirrii ta'een dubbisaan sirnoota tuqaalee kan xumura yaadaarratti galan, kan yaada itti fufiinsa qabu agarsiisaniifi yaada walqabatan yookaan

tokkummaa qaban agarsiisan jiraachuu isaaniifi isaan kanatti sirnaan fayyaadamuun dubbistoonni ergaa barreeffamichaa haala gaariin akka beekaniif kan tajaajilan ta'u isaanitu hubatama. Haa ta'u malee, sirna tuqaalee akaakuu adda addaa jiran kana iddoo barbaachisaatti haala seerri afaan Sanaa eeyyamuun barreeffama sana keessatti yoo fayyadamuun hafe, ergaan yookaan yaadni barreeffamichi dabarsu sun ifa ta'uu dhiisuu akka danda'u hayyoonni baay'een ni eeru.

Barreeffama keessatti fayyadamanis haala seerri afaanicha eeyyamuun kan gosa garagaatu jiru. Kana jechuunis afaan dhala nama kamiyyuu akkaatuma seerri afaan sana eeyyamuufitti sirna tuqaalee garagaraatti tajaajilamu. Kunis wanti ta'uu danda'uuf, afaan dhala namaa addunyaa kanarratti argaman tokko waan hintaanef, afaan hundinuu seera mataa isaanii waan qabaniifi. Akkaatuma seerrifi ulaagaan afaanichaa eeyyamuun ergaa barreeffaman dabarsuun barbaadame sana barreeffama keessatti barreeffamichi ergicha haala ifa ta'een akka dabarsuuf kan itti tajaajilamaniidha.

Sirni tuqaalee mallattoolee jecha yookaan barreeffama afaan kamiyyuu keessatti galaniidha. Barreeffamni osoo sirna tuqaalee hinfayyadamin barreeffamu ijoon dubbiifi ergaan barreeffamichaa eessa akka jiruufi maal akka ta'e akkasumas, yaadni guddaan barreeffamni sun ofkeessatti hammatee qabu sirriitti hubachuufi xinxaluun nama rakkisa jedha.

Sirni tuqaalee afaan tokko keessatti, dubbisaan barreeffamicha dubbisuun ergaa isaa akka seeran hubatuufi haala barreessan ergicha dabarsuu barbaaden akka dubbistoonni hubachuu danda'aniif kan gargaaran yookaan shoora olaanaa taphataniidha. Kana jechuunis barreeffamni sirna tuqaalee ofkeessaa hinqabne akkuma farda cancala afaanii hinqabnetti bakki dhaabbiifi ka'umsa isaa hinbeekamu. Namni ergaa barreeffaman dabarfachuu barbaade tokkos, barreeffama sana keessatti sirna tuqaalee seeran itti hinfayyadamne taanan ergaa isaa sana namni dubbisee hubachuu irratti gufuu itti ta'u danda'a.

Melakneh (2009) Sirna tuqaalee yemmuu ibsu, Sirni tuqaalee mallattoolee garagaraa kan jechoonni, gaaleewwan akkasumas, ciroofi himoonni afaanicha keessatti argaman ergaa guutuu ta'e tokko dabarsuuf haala itti sagaleeffaman, sagalichiifi caasaan himichaa gargar itti qoodamaniifi walitti hiidhiinsa kan qaban ammoo, walitti hidhuun ergaa dabarsuu barbaadan

sana barreeffamni sun akka dabarsuuf kan barreessan itti fayyadamu. Sirna tuqaalee bakka barbaachisuutti haala seerri afaan sanaa eeyyamuun barreeffamicha keessatti gargaaramuun qindaa'ina caasaalee sagaleeti kaasee hanga qindaa'ina yaa'a barreeffamatti itti fayyadamuun ergaa barreeffamichaan darbuuf gahee olaanaa qabaachuu isaaniiti.

Beekumsa seera itti fayyadama sirna tuqaalee qabaachuun, barreeffama keessatti ofeeggannoo cimaan itti fayyadamuu yoo barbaadan, faayidaa sirna tuqaalee beekuun barreeffamicha miidhagsuuf jecha kan itti tajaajilaman osoo hintaane, hiika ergaa barreeffaman dabarsuu barbaadan tokkollee jijjiiruu danda'anii ofeeggannoon itti dhimma bahuun murteessadha. Kana malees, sirni tuqaalee kan barreeffamichi akka miidhagina horatuuf jecha itti gargaaramnu osoo hintaane, ergaa yookaan yaada dabarsuun barbaadame tokko jijjiiruu waan danda'aniif dhimma xiyyeeffannoo yookaan ofeeggannoo cimaadhan barreeffama keessatti itti fayyadamuu qaban ta'uu isaati.

Karaa biraammoo, sirni tuqaalee kan akaakuu adda addaa ta'anii barreeffama keessatti galuun dubbistoonni bakka barreessan hinjirretti yaada barreessichaa barreeffamicharraa akka hubachuu danda'aniif kan tajaajilaniidha. Yaada barreessaa kana ammoo, haala ifaafi salphaa ta'een himoota barreeffamicha keessatti yaadrimicha baatanii argaman irraa akka hubataniif kan dubbistoota gargaaraniidha.

Yaaduma kana Addunyaan (2014) yoo ibsu, tuqaaleen mallattoowwan barreeffama keessatti iddoo olaanaa qabdudha. Yoomiifi eessatti tuqaaleetti akka fayyadamnurratti beekumsi qabnu ergaa barreeffaman dabarsuu barbaannurratti dhiibbaa guddaa geessisa. Kana jechuun, haalaan dhimma itti ba'uun dhiibbaa eeyyentaa, haalaan itti fayyadamuu dadhabuun garuu dhiibbaa hi'eentaa kan qabuufi ergaa dabarsuu feenus maqsuu danda'a jedha. Akkasumas, sirni tuqaalee akka dubbistoonni yaada barreffamicha haalan hubataniif kan gargaaran ta'uu isaaniti.

### 2.1.2. Gosoota Sirna Tuqaalee

Afaan Oromoo keessatti sirni tuqaalee tajaajilaan barreeffama keessatti galuun faayidaa garagaraa qabaatanii tajaajiluun beekamu. Sirnoonni tuqaalee kunniinis faayidaa adda addaatiif oolu. Sirna tuqaaleen afaan oromoo keessatti itti garagaaramnus: Tuqaa (.), Tuq-lamee (:), Mallattoo gaaffii (?), Mallattoo warabbii (" "), Mallattoo rajefannoo (!), Sarara xiqqaa (-),

Qoodduu (,), Sarara dheeraa (_), Qoodduu jabaa (;), Hammattuu (), Mallattoo warabbii qeenxeefi („ „) Muraa (/).

A. Tuqaa:

Mallattoon tuqaa kun kan bakka bu‟amu (.) ta‟ee faayidaan isaa akka itti aanutti dhiyyaata.

1) Xumura himaa irratti gala. Fakkeenyaaf; Boonaan bishaan dhuge.

2) Gabajee keessatti ni gala. Fakkeenya; A.A.U, B.B.O.

3) Kottoonfachiistuu booda gala. Fakkeenya; HUB.(Hubachiisa)

4) Lakkoofsa dessimaala waliin gala. Fkn;1o.5,12,6,0.25 fi k.k.f

B. Mallattoo Gaaffii (?)

Faayidaan mallattoo gaaffii himni Afaan Oromoo tokko hima gaaffii ykn kan deebii barbaadu ta'uu hima. Fakkeenya; Ati eessaa dhuftee?

Waanta shakkii qabnu tokko keessaatti fayyadamna. Fakkeenya; yuunivarsiitiin kun bara 1967(?) hundeeffame

C. Mallattoo Raajeffannoo (!)

Mallattoon kunis akkuma warreen kaanii faayidaa mataasaa qaba. Ajajaaf ni oola. Fakkeenya;ka'i deemi!

Akeekkachiisuuf ni fayyada. Sagaleee ol qabanii dubbisuun dhorkaadha. Waanta miira namaatti dhagahamu ykn dhaadannoo wayii dhageessisuuf ni fayyadamna.fkn; Ni moona! Ni bilisoomna!

Ifannaa dhaaf ni oola. Fkn; caldhisi!, Uff!

Eebbaaf nitajaajila. Fkn;Rabbi si haa oolchu! Karaa gaarii siif haa ta'u!

Abaarsaaf ni gargaaramna. Fkn; Cabi!, Gogi!

Ajaa'ibsifachuuf, Fkn;Yaa bareedina ishee!

Sagalee iyyaa yoo barreessinu itti fayyadamna.Fkn;Uu!Uu!Uu!

D. Qoodduu(,)

Qoodduun faayidaa hedduu qaba; Fakkeenyaaf: jechoota, gaaleewwaniifi ciroowwan yommuu adda baasuu barbaannu itti fayyadamna. Fakkenya; Harmeen isaa kitaaba,dabtaraafi qalama bitteefi. Lataan obboleettiisaa, waardiyyaafi, qulquleessituu waame.

Ciroo hirkataafi of danda'aa adda baasuuf oola. Adda baasuu kana keessattis ciroo hirkataan dura dhufa; achii ciroo of danda'aan immoo boodarra itti fufa. Yommuu kana qoodduun ciroo of danda'aa dura gala. Fakkeenya; Barattoonni waan yeroo dabarsaniif, qorumsi jala darbe.

Keeyyata keessatti yommuu yada tokko tartiibaan ibsuu barbaannu jechoota akka: tokkoffaa, lammaffaa, kan duraa, kan jidduu fi k.k.f.keessatti fayyadamna.

Walqabsiistonni caasaa himaa faana yoo dhufan mallattoo qoodduun adda bahu. Fkn: haata'u malee, waan kana ta'eef, kanaafuu, garuu, fi,kkf.

Maqaa namoota yeroo tarreessinu nifayyadamna. Fakkeenya; Abdii, Gammachuu, Tolaa,

Yaada waraabbii keessa jiruuf kan waraabbiin ala jiru qoodduun adda baafna. Fakkeenya; Obsaan, "Boru hin dhufu"jedhee natti hime.

Guyyaa fi bara addaan qooda.Fakkeenya; 10.11.2011

Tartiiba lakkoofsaa gidduu galee gargar qooda.Fkn ;1.2.3.4.5….

E. Qoodduu Jabaa (;)

Qoodduu jabaan ciroowwan of danda'aa walqabsistota hin qabne gidduu gala Fkn; Inni mana barumsaa hin demne; garuu hojii mana hojjeteera.

F. Tuqlamee (:)

Waan tokko tarreessuu yoo barbaanne dursee gala. Fakkeenyaaf, Midhaan calla kanneen akka: boqolloo, xaafii, qamadii,…

Sa'aatii fi daqiiqaa gidduu gala. Fkn; 12:30, 1:15…

Reeshiyoo lakkoofsaa muldhisuuf oola. Fkn;1:5, 3:4

Bara kitaabni tokko itti maxxanfamee fi fuula kitaabichaa odeeffannoon irraa argame addaan qooda. Fkn; 2012:4(Bara kuma lamaafi kudha lama fuula afur)

G. Mallattoo Waraabbii Dachaa (" ")

Faayidaan mallattoo waraabbii kanaa haasaa nama tokkoo adda baasuuf gargaaramna. Fakkeenyaaf; "Kunuu warri rafnaan"jette sareen.

Haasayyaa xiyyeeffannaa barbaachisu addaan baasuuf ta'a. Fakkeenyaaf; Namni hunduu "Barumsa" fedha.

Jecha afaan biroo keessaa gara afaan tokkootti makame adda baasuuf gala. Fakkeenyaaf; "Raadiyoo", ''Teekinooloojii'', ''kompiyutera'', ''saayinsii'',fi, kkf.

H. Mallattoo Waraabbii Qeenxee (' ')

Barreeffama tokko keessaatti faayidaan mallattoo kanaa, waraabbii waraabbii kanbiroo irraa yeroo lammaffaaf warabame adda baasuuf gala. Barattoonni , "barsiisaan keenya 'kitaaba fidaa koottaa' nuun jedhan" jedhee Fedhasaan nutti hime.

I.Sarara Xiqqaa(-)

Jechoota tishoo keessatti tajaajila kenna. Fkn;Mat-duree,Sab-lammii Osoo waa barreessinuu daangaa irra geenyee sagaleen gargar citee duubatti deebi'e sarara xiqqaatti fayyadamnee agarsiisna.

J. Sarara Dheeraa(_)

Yaada barreeffamaan dhiyyaataa jiu tokko addaan kunnee atattamaan gara yaada birootti yommuu jijjiirru fayyadamna.

K. Muraa

Faayidaan mallattoon kun qabus, Jechoota lamaan bakka waljijjiiruu danda'an gidduu gala. Fakkeenyaaf, Caaltuu/caalaan yeroon dhufan.

Guyyaa, ji'aa fi bara addaan qooda. Fkn,3/11/2007

Lakkoofsa firaakshinii muldhisa.FKN,1/4,2/5….

### 2.1.3. Gahee Sirni Tuqaalee Barreeffama Keessatti Qabu

Adeemsa afaan barachuu keessatti gama sirna tuqaalee ilaalchisee dogoggora uumamuuf beektonni adda addaa hiika kennaniifii jiru. Akkasumas sirni tuqaalee ergaa barreeffama afaan tokko barreeffamaan dabarsuu keessatti faayidaa guddaa qaba. Faayidaan sirni tuqaalee barreeffama keessatti barreessaa qofaaf osoo hin ta'in dubbisaan barreeffamichaaf gadi fageenyaan maalummaa ergaa barreeffamichaa haala salphaa ta'een akka hubatuuf kan gargaaru ta'uu isaa gadii fageenyaan ibsa. Ergaa barreeffama tokko keessatti sirni tuqaalee faayidaa barbaachisaa ta'e kennuun ergaan barreeffamichaa hiika sirrii akka qabatuuf ni gargaaru. Kanumaan walqabatee tajaajila sirna tuqaalee barreeffama afaan tokko keessatti qabu ilaalchisee;

Argaw (1996:352) yammuu ibsu,"Sirni tuqaalee barreeffama ergaa hiika qulqulluu fi ergaan barreeffamichaa dubbisaaf akka irra caalaatti ifa tauuf akkusuma, barreeffamicha qulqullummaa akka qabaatuuf, fayyada"jechuun ibsa.

Faayidaan sirni tuqaalee barreeffama tokko keessatti qabu bakka barbaachisaa ta'etti galuun tajaajilarraa eegamu bahuuf akkasumas, ergaa bifa barreeffamatiin darbu keessatti gahee guddaa kan qabudha. Itti dabaluudhanis barreeffama afaan kamiyyuu barreeffamu keessatti sirni tuqaalee ergaa dabarsuuf barbaadama dubbistootaaf haalan gaariin dabarsuuf fayyada. Ergaa barreeffaman darbu qofa osoo hin taane, tajaajjilli sirni tuqaalee barreeffama tokko keessatti qabu, barreeffamni tokko gosoota gaalee, himaafi k.k.f adda baasee mul'isuun caalaatti qulqullummaa barreeffama tokkoof gahee guddaa qaba. Fakkeenyaaf, himni tokko hima gaaffii

ta'uu fi dhiisuu, hima xumuraa ta'uufi dhiisuu isaa mallattoo himni sun dhumarratti yookaan bakka barbaachisaa ta'etti galeen ilaaluun, addaan baafachuun ni danda'ama.

Walumaagalatti, faayidaan sirni tuqaalee ergaa tokko barreeffamaan dabarfachuu keessatti qaama sagalee dubbii yookaan miira barreessaan ittiin nuuf ibsu bakka bu'uun ergaa barreessaan dabarfachuu barbaade haala ifa ta'en dubbisaaf dabarsuuf, barreefama dhiyaatuuf midhagina kennuu fi .k.k.f akka tajaajiluudha.

Chandara (2003:167) yammuu ibsu,

> *Ergawwaan adda addaa afaaniin dabarfachuu keessatti yeroo dubbannuu sochii sagalee dubbii keenyaa, qaamaa dubbataa fi haala inni ergaa sanaa ittiin dabarsuu barbaade, olka'iinsaa fi gadi bu'iinsa sagalee inni itti fayyadamu, dubbataan sun ergaa maalii akka dabarfachuu barbaade ni hubanna. Haa ta'u malee, barreessaa fi dubbisaan kan walargan qaamaan osoo hin taanee barreeffamaani. kun egaa dubbisaan haalan akka hubatuuf kan nu gargaaru seeraan itti fayyadamuu sirna tuqaaleerratti hundaa'a.*

Faayidaan sirni tuqaalee seeraan fayyadamuun ergaa barreeffaman dhiyaatu tokko keessatti qabu guddaadha. Ergaan barreeffama tokko osoo hiika isaa hin jijjiirin, haala silaa barbaadameen akka darbu gochuuf sirni tuqaalee seeraan barreeffma keessatti fayyadamuun bu'aa guddaa qaba.

Fayyadama sirna tuqaalee keessatti barreessaan barruulee dhimmoota barreeffamaan walqabatan keessaa kan inni xiyyeeffannaa guddaa kennuu fi qabu sirna tuqaaleeti. Sababni isaas mallattoon tuqaalee haala barbaachisaa ta'een bakka itti fayyadamuu qabnutti galchuun sirnoota tuqaalee Afaan Oromoo keessatti mul'atan tajaajila mataan isaanii qabu. Tajaajilli isaanii kun immoo kan raawwatamuu danda'an bakka galuu qabanitti haala galuu qabaniin yookaan gosa galuu qabaniin yoo dhihaatan qofa. Kun immoo haala barbaachisuun hinfayyadamne taanaan barreeffamichi ergaa barbaachisaa ta'e akka hindabarsineef rakkoolee adda addaatu isa mudata.

Sirnoota tuqaalee barreeffama Afaan Oromoo keessatti tajaajilan mara akkaataa seerri afaanichaa eeyyamuun barreeffaman ergaa dabarfachuu keessatti haalan fayyadamuun faayidaa hedduu qaba. Tashoomaan (1994:9) yaaduma kana yemmuu ibsu,

> *Barreeffamni tokko akka dubbisaaf salphaatti galuufitti mallattoolee buufataa mija'aa ta'aniin hidhaa hidhaatti hinhiramne taanan, kuufamni dubbii himoota barreeffama keessa jiranii guduunfituu sirrateen walitti yoo hinhidhamin hafaniifi jechoonni qub-guddeeffamuu qabanyoo dagatamanii qubee xiqqaadhaan barreeffaman, qulqullinni barreeffamichaa nixiqqaata. Kanaafuu, oggaa barreeffama Afaan Oromoo barreessinu, akkaataa mallattoolee buufataa, qub-guddeessaafi guduunfituutti dhimma bahamu soonan gaarii godhanii beekuun qulqullina barreeffama keenyaaf hedduu barbaachisaadha jedha.*

Yaada kanarraa wanti hubatamu, sirna tuqaalee iddoo barbaachisutti barreeffama keessatti haalan fayyadamuu dhiisuun ergaa dabarsuun yaadame sanarratti hir'ina uumuu akka danda'udha. Kana jechuun sirna tuqaalee itti fayyadamuun barreeffammichaa miidhagina kan gonfachiisaniifi, bakka barbaachisutti barreeffamicha keessatti yoo hingargaaramne ta'e, ergaa barreeffama sanaa faallessuu yookaan jijjiiruu akka danda'aniidha.

-Barreeffamni  Qulqullummaa Akka Horatuuf;

Sirna tuqaalee seeran fayyadamuun, ergaa barreeffaman qaama tokkof darbuu keessatti qooda olaanaa waan qabduuf ergicha haala sirrii ta'een dabarsuufi dabarsuu dhiisuu yookaan ittisuurratti gahee qabdi. Sababni isaas, dubbisaafi barreessaan kan walqunnamtii taasisaniin barreeffamani. Kana jechuunis barreessaafi dubbisaan osoo qaaman wal hinargin barreeffamicha sanatti gargaaramuun walhubachuu danda'u waan ta'eef, barreeffamichi yemmuu barreessan barreeffamu sirna tuqaalee fayyadamurratti hanqina yoo qabaate hiika ergaa dabarsuun barbaadame sana dabarsuu dhiisuufi dubbisaan akka ergaa sirrii ta'e argachuu hindandeenye taasisa.

Hanqina kana ittisuuf barreeffamaan ergaa tokko dubbistootaf dabarsuu keessatti sirnoota tuqaalee afaanicha keessatti tajaajilan faayidaa isaanii beekun seeran yoo itti fayyadaman

dubbisaan osoo hindhiphatin ergicha ifaan ifatti beekuu danda’a. Yaaduma kana toorri interneetii yoo cimsu,

Sirna tuqaalee seeran barreeffama keessatti fayyadamuun ergaa sirriifi ifa ta’e dabarsuuf, dubbisaan yaada barreessaa haala gaarii ta’een akka hubachuu danda’uuf kan gargaaraniifi seeran ala barreeffama keessatti tajaajilamuun ammoo, akka ergaa dabrsuun barbaadame sana hindabarre kan taasisaniifi waliigaltee barreessaafi dubbisaa giddutti gufuu uumuu kan danda’u. (www.directessays.com/essay-writing...).

Barruu kanarraa wanti hubatamuu, sirnoota tuqaaleetti seeran fayyadamuu dhisuun dubbisaan akka danqamu gochuufi caasaa barreeffamichaa akka haalan hinhubanne taasisu danda’uu isaaniti.

-Gaaleewwaniifi Ciroowwan Walqabsiisuuf;

Faayidaan sirna tuqaalee akkaataa seerri Afaan Oromoo eeyyamuun barreeffama keessatti yoo fayyadaman, sirnoonni tuqaalee kunniniis, gaaleewwaniifi ciroowwaan caasaa barreeffamichaa keessatti argaman walitti hidhuun dubbistoonni barreeffamichaa haala gaarii ta’een yaada barreeffamichi dabarsu akka hubatan nitaasisu.

Yaaduma kana toorri interneetii yoo ibsu, Sirni tuqaalee gaaleefi ciroo, caasaa himaa keessatti walitti hidhuun akka dubbistoonni ergaa barreeffamichaa hubachuu danda’aniif kan tajaajilu. (www.directessays.com/essay-writing_...).

Toora interneetii kanarraa wanti hubatamu, sirnoonni tuqaalee gaaleewwaniifi ciroowwan barreeffama keessatti argaman walitti hidhuun akka barreeffamichi yaadrimee dabarsuu barbaade sana dubbistoonni irraa hubachuu danda’aniif tajaajila kan kennan ta’uu isaaniti.

-Wanta Xiyyeeffannoo Barbaadan Ittiin Agarsiisuuf;

Faayidaan sirna tuqaalee seeran fayyadamuun keessaaa kan biroo,barreeffaman ergaa tokko dabarfachuu keessatti qabxiiwwan gurguddoo xiyyeeffannoo barbaadan kan barreeffamicha keessatti dhiyaatan akka dubbisaan xiyyeeffannoo guddaan hubachuu danda’u sirnoonni tuqaalee barreessan sun itti fayyadamu gahee guddaa qabu. Yaaduma kana toora interneetii irraa,

Sirna tuqaalee akkaataa seerri afaanichaa eeyyamuun barreeffama keessatti tajaajilamuun dubbistoonni eessatti xiyyeeffannoo kennuu akka qaban kan isaan gargaaruufi yemmuu seeran ala itti tajaajilaman ergaa barreeffamichaa hubachiisurratti barreeffamichi gahumsa akka dhabu taasisu. (www.direetessays. com/essay-writing…).

Toora interneetii kanarraa hubachuun akkuma danda'amutti, sirna tuqaalee barreeffama keessatti seeran itti fayyadamuun dubbisan ergaa yookaan yaada barreessan dabarsuu barbaade sana rakkoo tokko malee hubachuu akka danda'u taasisu isaaniti. Sirnoota tuqaalee afaanicha keessatti tajaajilan keessa tokko bakka barreeffamicha keessatti galuu qabu malee galchuun hiika ergaa dabarsuun barbaadame sanaa jijjiiruun dubbisaan ergicha gara biraatti hiikachuun walii galteefi wal hubannaarratti gufuu uumu danda'an ta'u isaaniti.

-Barreeffamni Haalan Akka Dubbifamu Nitaasisa;

Sirni tuqaalee barreeffamni tokko ergaa tokko sirriitti yookaan dogoggora tokko malee dabarsuuf iddoo dubbisaan yemmuu dubbisicha (barreeffamicha) dubbisu itti dhaabachuufi itti fufuu qabu kan beekuu danda'uun sirnoota tuqaalee barreeffamicha keessatti barreessan itti fayyadame irraati. Dogoggorri tuqaa yookaan kan tuq-lamee akkasumas, kanneen biroo bakka isaanii malee yoo galan dubbisaan caasaa barreeffamichaa hubachuurratti nidanqama. Sababni isaas bakka yaadni tokko itti dhaabatuufi itti fufu hinbeekamu waan ta'eefidha.

Sirna tuqaaleetti seeran barreeffama keessatti bakka isaanii haala seerri afaanichaa eeyyamuun fayyadamuu dhiisuun bakka dubbisaan itti boqochuu yookan yaadni tokko itti goolabamuu qabu fi itti fufu qabutti kan dubistoota beeksisan sirnoota tuqaaleeti. Sirnoonni tuqaalee barreessan barreeffama keessatti haala seerri afaanichaa eeyyamuun yoo itti fayyadame qabxii xiyyeeffannoo gadi fageenyaan dubbisaan akka beekuf barbaadame sana rakkoo tokko malee akka hubachiisuf kan gargaaran ta'uu isaaniti.

## 2.1.4 Sirna Tuqaalee Seeraan Fayyadamuu Dhiisuun Ergaa Barreeffamichaa Irratti Maal Uuma?

Kaayyoon barreeffama kamiyyuu ergaa barreessaan dabarfachuu barbaade dabasuudha. Haa ta'u malee, barreesssan tokko barreeffafama isaa keessatti sirnoota tuqaaleetti yoo hingargaaramne

ergaan barreeffama isaa dubbisaa birratti hiika gaarii (qulqullummaa) gaarii hin qabatu. Namni ergaa afaaniin dabarsuu tokko qaamolee dubbiifi haala addaaddaan sagaleessuun dhaggeeffatan ergicha akka hubatu godhama. Garuu barreeffama keessatti sirni tuqaalee jiranitti fayyadamuu maal jechuu akka barbaadame ibsama.

Walumaagalatti, barreefama keessatti sirna tuqaaleetti osoo hin fayyadamin barreessuun barreeffamichi hiika (qulqullummaa) akka hin qabanne godha. Gosni ergaa sanaa (himichaas) kam akka ta'e akka hin hubatamne taasisuu ni danda'a.

Barreeffama dhiyaate keessatti sirna tuqaaleetti seeran fayyadamu dhiisuun ergaan barreeffaman dhiyaatu rakkoolee adda addaaf saaxilamuu nidanda'a. Rakkoolee sirna tuqaaleetti seeran fayyadamuu dhiisuun dhufan kanas beektonni dhimma kanaa yaammuu ibsan.

Chanea (2001 ) akka jedhutti, "Sirna tuqaaleetti fayyadamuu dagachuuni fi seera tuqaleetti sirnaan fayyadamuu dhabuun hir'inni barreeffama sanaa hubachuu dhiisuu fi barreeffamichi hiika shaakkisisaa akka qabaatu taasisa" jedha. Ibsa kanarraa akka hubannutti, sirna tuqaaleetti seeraan fayyadamuu dhiisuun dubbisaan ergaa barreeffama sanaa akka hin hubanne godha. Barreeffama tokko keessatti sirna tuqaaleetti seera fayyadamuu dhiisuun rakkoolee adda addaatif ergaa barreeffama sanaa saaxiluu ni danda'a jechuun ibsa. Akkasumas, barreeffamichi dhiyaate hiika shaakisisaa akka qabatu gochuun hubannoodhaaf hedduu kan nama rakkisu ta'u isaa gadi fageenyan ibsa.

Barreeffamatti fayyadamuun yaada tokko dabarfachuuf sirnoota tuqaaleetti seeran fayyadamuun ergaa (yaada) darbu sana akkaataa barbaadan sanan dabarfachuuf qooda oolaanaa qaba. Haa ta'u malee, sirnoota tuqaalee afaanicha keessatti argaman seeran yoo barreeffamicha keessatti bakka isaan galuu qabanitti galchuun yookaan gonkumaa itti fayyadamuun hafee: Yaada barreessaa dubbisaan akka haalan hinhubanne nidanqu; ergaa darbarsuun barbaadame sun haala barbaadameen akka hindabarre nitaasisu; barreeffamicha caasaa isaa dubbistoonni adda baasanii beekuurratti hanqina itti godhu danda'u. Akkasumas, miidhagina barreeffamichaarratti mudoo waan uumaniif fedhii dubbistoonni dubbisa sanaaf qaban akka gadi bu'u nitaasisu.

## *2.2. Sakatta'a Barruu Walfakkii*

Mata-duree kana jalatti, xiinxala itti fayyadama sirna tuqaalee ilaalchisee qorannoo kanan dura gaggeeffamaniifi qorannoo kana gidduu tokkummaafi adda addummaa mul'atutu sakatta'amuun dhiyaate.

- Tolasaa Taaddasaa (2001) mataduree,“ Xiinxala Itti Fayyadama Sirna Tuqaalee Barreeffama Barattoota Yuunvarsitii Addis Ababaa Muummee Afaan Oromoo Bara 2001 A.L.Htti Seenanii” jedhurratti waraqaa qorannoo gaggeessee jira. Tokkummaan qorannoowwan kana lamaanii, Xiinxala Itti Fayyadama Sirna tuqaalee yoo ta'u, garaagarummaan isaanii, kan Tolasaa xiinxala barattootaa irratti; Kiyyammoo kitaaba asoosamaa irratti.
- Yeeshii Isheetuu(2009) mata duree “Xiinxala itti fayyadama Qub-guddeessaafi sirna tuqaalee barreeffama barattoota Mana Barumsaa Qophaa'ina Gindabarat kutaa 11ffaa” jedhu irratti qorannoo geeggeessitee jirti. Qorannoon kunis, kankoo waliin yoo walbira qabamu, akkuma kan Tolasaa Taaddasaati; tokkummaafi garaagarummaan isaa.

# Boqonnaa Sadii: Xiinxalaafi Ibsa Ragaalee

### 3.1. Cuunfaa Sabseena Asoosama “Galfata” Jedhuu

Harmeen Ragaafi Raggaasaa godina Wallagga Lixaa Aanaa Ayirraa Gullisootti dhalattee kanguddate. Kutaa 8ffaa yeroo barattu barsiisaa ishee Obboo Dhugumaan dirqisiisanii gudeedan. Kanumarraan kan ka'e, Ragaafi Raggaasaa ulfoottee barumsa ishee addaan kutte. Abbaashee waansodaatteef magaalaa Yuubdootti baddee hojjettuu mana namaa taatee qacaramte. Osoo kanaan jirtuu ijoollee lakkuu Ragaafi Raggaasaa achumatti deesse.

Ragaafi Raggaassan hanga umuriin isaanii amma waggaa 6 ga'utti manuma sanatti guddatan Raggaasaa wajjirri hawaasumman guddifachaan Ameerikaa deeme. Ragaanammoo harmee isaa waliin utuu jiranii, harmeen isaa konkolaataan rukutamtee hospitaa Hayiraatti erga wal'aanamtee booda miilli naafate. Wiilcheeriin hospitaalichaa kennameefi fudhattee ittiin bakkaa bakkatti socho'uu eegalte. Ragaan umrii waggaa torbaatii kaasee harmee isaatin konkolaataa nama dukkubsataa baatee deemtuun ( wiil cheerii) magaalaa keessaa deemsisa.

Haati Ragaa qaama miidhamtuu taatus ijji dargaggoota hedduu isherraa qubata ture. Sababa kanaan dargaggeessi duuriyyeen tokko itti deddeebi'ee akka jaallatu itti himaa ture. Haati Ragaafi Raggaasaa Sooreen garuu deebii hinkennineef. Gurbichi itti aaree mucaa ishee Ragaa jalaa hate.

Ragaan ganama daabboo bituuf ergame hanga galgalaatti galuu didnaan haati isaa barbaabdee dhabdee, magaalattii keessa naannooftee boo'aa turte. Sana booda dargaggeessi Gimoo jedhamu fuula dura Sooree dhaabbatee " yoo mucaa kee argachuu barbaadde, fedhakoo naaf guuti, erga jedhee booda amartii morma Ragaarra ture fuudhee itti agarsisee kana booda waan gootu waan hin qabneef Sooreen Gimoof fedha isaa guuttee lammata ulfoofte, ulfa sanaan duute.

3.2.Xiinxala Ragaalee Sirna Tuqaalee Irratti

Sirni tuqaalee barreeffama afaan kamiiyyuu keessatti bakka barbaachisutti galchuun haalaan yoo barraa'uu baate ergaan darbuu barbaadame hin hubatamu. Sirni tuqaalee ergaa barreeffama tokkoo keessatti murteessaa waan ta'eef barreeffama kamiiyyuu keessaa hafuu hin danda'u.

## 3.2.1.Mallattoo gaaffii (?)

Namni tokko odeeffannoo wayita barbaadutti kan hojiirra ooludha. Gosti sirna tuqaalee kun gosa himaa ragaa gaafatu booda kan galudha.

- Eessakee si dhukkuba?(fuula 11).
- Soore fooyyee qabdaa?(fuula 12).
- Maal dhabde ammammoo?(fuula 54).
- Waan jechaa jirtu yaadattaa?(fuula 55).
- Maal jechaa jirtaa Dammeekoo?(fuula 55).
- Cala'uuf murteeffattee?(57).
- Firummaan Oromummaa lafeefi dhiigaan tokko ta'u caale maaliree?(fuula 59).
- Maaltu si rifachiiseree?(fuula 61).
- Xiqqoo na waliin hinturtuu?(fuula 61).
- Har'as ni dhuftanii?(fuula 82).
- Dammeen jirtii?(fuula 87).

- Magaalaa Naqamtee keessa beektaa?(fuula 86).
- Ati eenyumaan gowwomsuu barbaaddaa?(fuula 87).
- Akka gowwaa lafatti na tumta mitii?(fuula 111).

### 3.2.2.Mallattoo Raajeffannaa(!)

Barreeffama keessatti sirni tuqaalee kun biroorraa addadha. Innis, ajaja kennuufi dinqisiifachuuf tajaajila. Akkasumas, qaaneffachuu, gadduu, gaabbuufi kkf. dha. Afee asoosama kana keessatti mallattoo raajeffannoon mul'atan;

…Sooreen sagaleeshee ol fudhattee gadoodaa, adaraa seeraa naaf qabaa! Gad hin dhiisinaa! Dhiiga Ragaakoo dhangalaasee, wayyoo! wayyoo! Ragaakoo tokkichakoo!...(fuula 11).

Yaada kanarraa kan arginu, yeroo namfakkiin Sooretti jedhamtu ilmi ishee Ragaan yeroo konkolaataan rukutee iyyitu argina. Asirratti sirni tuqaalee kun miiraa aadde Soorettiin keessa jiran, miira naasuu ta'uu hubachiisa.

- Ayi namaa!(fuula 58).
- Ulfaadhaa!(fuula 104).
- Baramoo!(fuula 103).
- Heloo harka fuune!(fuula 115).
- Nan du'ee!(fuula 89).
-

### 3.2.3.Qoodduu (,)

Mallattoon kun maqaaleefi ibsa maqaalee addaan qooduuf fayyada. Kana malees, himoota wal-qabsiistuudhaan walitti hidhaman adda qooduuf fayyada.

- Torbannis akkasuma ji'a, waggaa, jaarraa, bar-dhibbee(fuula 46).

- Tolaan jabaatee haa qo'atuyyuu malee, qormaata xumuraa darbuu hindadeenye(fuula 86).

## 3.2.4.Buufata xiqqaa (;)

Hima dheeraa tokko keessatti yaadolee wal-fakkaataniifi of danda'an lama addaan qooduuf tajaajila.

-Soorettiin teessee ilaalti; Ragaan kubbaa taphata(fuula 10).

3.2.5.Tuq-lamee (:)

Gosti sirna tuqaalee kun hima tokko keessatti yaadni guddaan tokko erga taa'ee booda, yaadaeerame sanaaf ibsa yookaan fakkeenya kennuuf wayita barbaachisutti kan hojiirra ooludha. Alaabaan Abbaa Gadaa haalluu sadii qaba: Gurraacha, Diimaafi Adiidha(fuula 115).

**3.2.6. Waraabbii("")**

Yaada namni tokko jedhe akkuma jirutti yoo fudhatame yaadni fudhatame kun kan nama biroodha kan jedhu bakka bu'a.

-"Walii galan alaa galu" jedha Oromoon(88).

- Oromoon gaafa mammaaku, "barri lafa hin bu'u!" jedha(fuula 102).

-Dararamaa dadhabee, sagalee xiqqoo keessatti duuteen, "wayyoo wayyoo wayyoo! Nan du'ee" jedhee boo'ullee…(fuula(89).

Gama birootiin, namni barreessu sun yaada ofiisaatii itti hin amanne, garuu kan namni biroo jedhe yookaan amanu barreeffamasaa keessatti fayyadamuu yoo barbaade mallattoo waraabbiitti fayyadama.

Kana malees, mallattoon kun wayita barreessaan jecha tokkorratti ibsa kennuu yoo barbaade jecha ibsamu sanatti mallattoo waraabbii goodheera.

-Jechi "Hanqaaquu" jedhamu, bakka birootti "buuphaa", bakka kaanitti ammo "Kilee" jedhama(fuula 89).

Sirnoota tuqaalee seeraan ala qubeeffaman:

Sirna tuqaaleetti fayyadamuu dhiisuun dubbisaan ergaa barreeffama sanaa akka hin hubanne godha. Kanuma irraa ka’uun hanqina itti fayyadama sirna tuqaalee mul’atan asoosamicha keessa haa ilaallu;

1. “…dabareesaa rifeensa ofirraa ciruu eegale. Ni ooriye. Ni wace. …”(f.15).
2. “…’nan salphadhe. Nan qaana’e,’…”(f.38).
3. “Gimoon sardameera. Of duuba hinilaalle,…”(f.45)
4. “ …’dubbiin isaa harkisuuf nicita gad dhiisuuf nilixa,’ isa jedhan sana itti ta’e.”(f.60).

Akka armaan oliitti agarrutti barreessichi, sirna tuqaalee seeraan fayyadamanii barreessuu ilaalchisee hanqina akka qabudha. Rakkini kun akkasumatti yoo itti fufe Afaan Oromootiin barreessuuf danqaa ta’a. Dogoggorri kun bay’inaan kan mul’atu, bakka tuq-lameen galuu qabutti tuqaa fayyadamuu isaati. Akka fakkeenyaatti yoo kaafne;

Fkn1: …dabareesaa rifeensa ofirraa ciruu eegale; Ni ooriye; Ni wace(fuula 5).

-Nan salphadhe; Nan qaana’e(fuula 9).

-Gimoon sardameera; Of duuba hinilaalle(18).

-“dubbiin isaa harkisuuf nicita; gad dhiisuuf nilixa.” isa jedhan sana itti ta’e(fuula 25).

Walumaa galatti sirna tuqaalee ilaalchisee, barreessichi qoodduu jabaa fayyadamuu irratti hanqina qaba. kanneen armaan gadii haa ilaallu:

-Yoom dhufta jennaan bor Finfinnee akkuman ga’een dhufeen si dubbisa jettee bilbilashee cufatte(f.107).

-Ragaan ijoollummaa isaarraa kaasee qabxii gaarii fide badhaafamaa as ga’e(f.102).

-“Ajaa’iba Rabbii ijikoo dhuguma siargee?”jedhee afaan qabate.(f.39).

Kanneen olitti argaman kanarraa kan hubannu sirna tuqaalee seeraan fayyadamee barreessuu ilaalchisee hanqina gama barreessaan jirudha. Rakkinni kun akkasumatti yoo itti fufe Afaan

Oromootiin barreessuuf danqaa cimaa ta’a. Dogoggoorri kun bay’inaan kan mul’atu; bakka sirni tuqaalee galuu qabutti utuu hinfayyadamin hafuusaa argina. Akka fakkeenyaatti yoo kaafne;

-“ ’Yoom dhufta?’ jennaan, ‘Bor Finfinnee akkuman ga’een dhufeen si dubbisa,’ jettee bilbilashee cufatte.”(fuula 78).

-Ragaan ijoollummaa isaarraa kaasee, qabxii gaarii fide badhaafamaa as ga’e.

-“Ajaa’iba Rabbii! Ijikoo dhuguma siargee!?”jedhee afaan qabate(129).

Haala kanaan utuu barreessichi fayyadameera ta’ee gaarii ture. Walumaa galatti sirna tuqaalee ilaalchisee, mallattoo waraabbiitti seeraan utuu hinfayyadamiin hafuusaati. Akkasumas, Mallattoo raajeffannootti haalaan itti hin fayyadamin hafeera.

Akka odeeffannoon armaan olii mirkaneessuutti barreessaan afaan oromootiin barreessuu keessatti sirna tuqaalee adda baasee, bakka barbaachisaa ta’etti fayyadamuu irratti mudaa qaba. Sirna tuqaalee kan fayyadamnu barreeffama keessatti dha. Sirnoota tuqaalee garaagaraa bakka adda addaatti fayyadamna. Barreeffamni sirna tuqaalee hin qabne akka galaana yaa’uuti. Kana jechuun, barreeffamni sirna tuqaalee bakka barbaachisuutti itti hin fayyadamne ergaa barbaadame hanqisa; seeri barreeffama sanaas ni caba. seerri barreeffama afaan tokko yoo cabe immoo afaanicha irra dhiibbaan akka ga’u beekamaadha. Afaan oromoo yeroo dhiyoo as mirgi barreessuu isaa eeggameefii sadarkaa guddinaarraa waan jiruufi of eegganoo barbaachisu gochuufiin barbaachisaadha.

Walumagalatti, seerri barreeffama Afaan Oromoo keessatti sirna tuqaalee bakka barbaachisaniitti beeknee ittin barreessuun nurraa eegama. Yoo kun ta’u baate yookiin sirna tuqaaleetti seeraan fayyadamuu dhiisinu dubbisaan ergaa barreeffama sanaa akka hinhubanne godha. Barreeffama tokko keessatti sirnoota tuqaaleetti seeran fayyadamuu dhiisuun rakkoolee adda addaatiif ergaa barreeffama sanaa saaxiluu nidandaa’a.

Yeroo barreeffamni ergaa guutuu ta’e tokko dabarsuu danda’u barreessan rakkoo itti fayyadama sirna tuqaalee akka hinqabne hubachuun nama hindhibu. Akka Michig(1998;162)itti fayyadamuu qub-guddeessafi sirna tuqaalee bakka bakkatti garagaarummaa qabachuu yemmuu ibsu,‟Qub-

guddeessaafi sirna tuqalee fayyadamuun barreessuun, bakka bakkatti garaagarumma guddaa qaba. Garuu, Qub-guddeessafi sirna tuqaalee fayyadamuun seerota murtawwaa kan mataa isaa danda’e qaba. Akkasumas, faayidaan qub-guddeessafi sirni tuqaalee ergaan barreeffama tokko akka qulqullummaa isaa eggatee dubbisaa biraan akka gahamuuf hedduu barbaachisaadha‟ jedhanii lafa kaa’u.

Norrish (1983;21)Madda dogoggoraa yemmuu ibsu,‟Haalli barachuu dogoggoraaf sababa ta’uu nidanda’a. Kanneen keessaa tokko immoo tooftaa barsiisaan itti fayyadamuun barsiisuu waliin walqabata .‟jedha .

# Boqonnaa Afur: Gudunfaa, Argannoofi Yaboo

### *4.1. Gudunfaa*

Mata duree kana jalatti qorattuun cuunfaa qorannooshee dhiyeessiti.

Haaluma kanaan boqonnaa tokko keessatti sirni tuqaalee dandeettiiwwan afaanii kanneen akka barreessuu waliin walitti dhufeenya yookaan tokkummaa cimaa waan qabuuf barreessaan seeran barreeffama keessatti hinfayyadamne taanan ergaa dabarsuun barbaadamerratti rakkoo guddaa uumuu danda’u.

Qorattuun mataduree kanarratti hojjetuuf kan ishe kakaase, barreessitoonni ogbarruu sirna tuqaalee fayyadamuun barreessuu keessatti barreessitoonni hanqina qabaachuun isaanii waan hinoolleefidha. Akkasumas, dandeettiiwwan fayyadama sirna tuqaalee irratti mul’atu akka dogoggora salphaatti yookaan xiqqootti waan ilaalamuuf, qorannoon dhimma kana ilaalchisuun akka Afaan Oromootti bal’inan taasifamee hinjiru waan ta’eef.

Daangaan qorannichaa mata duree xiinxala itti fayyadama sirna tuqaalee kitaaba asoosamaa Galfatati. Akkasumas, ragaa qorannoo kanaaf odeeffannoo kennuu danda’u jedhamanii kanneen karoorfamaniin. Yaada hayyoonni qoraannoo lafa kaa’an bu’uura godhachuudhaan bifa saayinsawaa ta’een haala itti hojjetamuun karoorfamee iddoo dhimmichi itti raawwatamu qaamaan deemuudhaan toofta ragaa qorannoo kanaa funaanuudhaaf mijataa ta’e fayyadamtee raga gama hundaan funaanname bakka itti qindeeffamuudha. Haaluma kanaan qorattuunis qorannoo kana mala ibsa bu’uuraa taasifachuun qorannoo ishee kana ademsifteetti.

Kanaaf qorattuun kun malleen qorannoo akkamtaa gargaaramtee jirti. Sababni qorattuun malleen kana fayyadamteefis, malli kun odeeffannoo argame jechaan kan ibsamu waanta’eefi. Dhimmuma kanarraa ka’uun qorattuun qorannoo ishee keessatti odeeffannoo yookaan ragaawwan iddattoo filatettii funaannate mala kanatti gargaaramuun jechaan ibsitee jirti.

Boqonnaa lammaffaa qorannoo kanaa keessatti immoo, mata-duree qorannoo kanaarratti yaada hayyoonni lafa kaa’aniifi qorannoo kanaan dura mata duree kanarratti hojjetame irratti ilaalchota jiran sakattaa.  Boqonnaan kun kutaa lammaffaa qorannoo kanaa yoo ta’u, as jalatti mata duree

qorannoo kanaarratti yaada hayyoonni lafa ka’aniifi qorannoon kanaan dura mata duree kanarratti hojjetame sakatta’uun, yaada hayyootaa bu’uura taasifachuun qorannoo dhugaarratti hundaa’e geggeesitee jirti.

Kana malees boqonnaa sadaffaa keessatti immoo ragaalee mala qorannoo keessatti meeshaalee adda addaattin funaannamanii qindeeffamani bakka itti qaacceffamaniifi secca’amaniidha. Walumaa galatti baqonnaan kun bu’aa yookiin argannoo qorannoo kanaatiif ciicata guddaa dha.

## *4.2. Argannoo*

Qorannoo tokko erga geggeeffamee booda, argannoon qorannicharraa argame nidhiyaata. Xiinxala itti fayyadama sirna tuqaalee kitaaba asoosamaa Galfata irratti geggeeffame kanarraa, argannoon argaman:

Kitaaba asoosamaa kanarratti fayyadamni sirna tuqaalee haala gaariin kan dhiyaateefi hanqinoonni tokko tokkos darbanii darbanii ni mul’atu bakka malee fayyadamuudhaan, itti fayyadama qoodduu jabaa, waraabbii dachaa, waraabbii qeenxee, raajeffannoo ta’uunsaa bira ga’ameera. Akkasumas, gama qubeessuutiin barreessichi kan mudaa hinqabnedha.

Barreessichi harka caaluu, sirnoota tuqaalee kanneen biroo fayyadamuurraa ofqusateera; Keessattuu, kanneen akka: sarara xiqqaa, mallattoo tuffii, muraa, hammattuu, tuq-sadeefi kkf walumaagalatti hinfayyadamne.

Walumaagalatti barreessaan kun sirnoota tuqaalee kanneen akka: hudhaa, tuqaa, mallattoo gaaffii, haalaan fayyadameera.

## *4.3. Yaboo (yaada Furmaataa)*

Kayyoon qorannoo kanaa inni guddaan sababiiwwan hanqina itti fayyadama sirna tuqaaleerratti barreessitoonni hanqina qaban addaan baasuun erga beekamee booda rakkoolee argaman kanaaf yaada furmaata ta’u kennudha. Akkaatuma kanaan qorattuun qorannoo adeemsifteen argannoo argatterraatti hundaa’uudhaan yaada furmaata akka armaan gadii kanaan keessetti.

- ✓ Barreessitoonni yeroo barruu tokko qopheessan, bakka sagaleen: olka'u, gadi-bu'u, addaan citu, …fi, kkf haalan yoo itti fayyadaman, barreeffamichi afaan ta'ee dubbata. Kanaafuu, dhimmi kun utuu xiyyeeffannoo argatee gaariidha. Akkasumas, utuu barreessaan tokko sirna tuqaalee haala gaariin fayyadamuu danda'uu dhiibbaan tokko tokko isa mudachuu danda'a. Fakkeenyaaf, wayita kompiyuteraan barreeffamu irra deebi'anii addaan baasanii sirreessuu.
- ✓ Barressitoonni hundi nama kaan caalaa itti fayyadama afaaniifi seera afaanii sirriitti beekuu qabu. Maaliif yoo jenne carraan afaanni ittiin guddatu kamiyyuu, harka barreessaa jala jira waan ta'eef. Seera afaanii beekuuf immoo afaanichaan afaan hiikuun isaan irraa hineegamuu; garuu, akka barreessaan beekamaa Sheekispirin jadhettii, 'dhaggeffataan gaarii, dubbataa gaarii ta'a; dubbisaan gaariin immoo barreessaa gaarii ta'a,'. Kana jechuun, barressaan tokko barreessu isaatin dura warra isa dura barressaa turanirraa, warra isaan booda jiran hunda barsiisuu qaba; yoo barreessaan tokko kana godhee dogogora itti fayyadama afaani irraa darbee jechoota haaraa kalaquu fi jechoota teknoolojii fi jechoota haaraaf hiikaa wal madaalli biroo uumuu danda'a.
- ✓ Jechoota uumuudhaan kan beekaman walalessitoonnii isaan ijoo yoo ta'an waloon tokko yaada tokko ibsachuuf yoo yaade, hanqinni jecha isaa boodatti hambisuu hindanda'uu maaliif yoo jennee jechoota qindeessuuf walitti fiduudhan jechaa biraa kalaquu danda'a. Kana jechuun ammo kuusaa jechoota afaan tokko qabu baay'isuu irra darbee guddina afaaniif gumaacha guddaa taasisa. Kanaaf barreessan kamiyyuu akka walalessaa jirachuuf hojjechuu qabaan jedhaa.
- ✓ Barreessaan tokko yeroo dogoggora itti fayyadama sirna tuqaalees ta'e, afaanii uumuu irratti kan yaaduu qabu, dogoggora nama dhuunfaa qofa osoo hin taanee, dubbistoota muudannoo dubbisuu hinqabneefi dhaloota haaraa dogoggorsuu danda'a. Kunis kan ta'u, barreessaan tokko yaada tokko yeroo gara dubisaatti ergu dubbisaan immoo yaada sanaan waan dhiibamuuf, wanti barreesaan tokko gara dubbisaatti akkaataa kamiin dhaqabuu akka qabuu dursee sirritti yaadu qaba; maaliif jennaan dubbisaan, wanti barreessaan tokko barressu hunda sirriidha jedhee waan fudhatuuf, dogoggoree dogoggorsuu irraa barressaan of eeguu qaba.

## Wabiilee


*Abarraa Kaasaayee .(2010).Afaan Oromoo kutaa 9ffaafi  10ffaaf. Mana maxxansaa hin qabu.*

*Abarraafi Kaawwan.(1998).Caasluga Afaan Oromoo (max 3ffaa) jild- 1 Biranna Enterprise: Addis Abeba.*

*Addunyaa Barkeessaa. (2010). Natoo: Yaadrimee Caasluga Afaan Oromoo. Finfinnee, Oromiyaa*

*_______(2011). Akkamtaa: Yaadrimee Qorannoo Hujoo (Concept of Applied Research). Finfinnee, Oromiyaa.*

*_______ (2011). Sanyii: Jechaafi Caasaa Isaa. Finfinnee, Oromiyaa: LinePrinting & Advertising PLC.*

*_______(2016). Semmoo: Bu‶uura Barnoota Afaaniifi Afoola Oromoo.Oromiyaa, Finfinnee.*

*Addunyaa Barkeessaa (2012). Natoo. Yaadrimee caasluga Afaan Oromoo. Mega PP: Finfinnee, Oromiya*

*Birraatuu Tarreessaa.(2010). Qaccessa Qabiyyee Kitaabilee Barataa Kutaa 9ffaafi 10ffaa. Waraqaa  Qorannoo Digirii 2ffaa: Yuun. Finfinnee.*

*Brumfit C.J.fi R.A. Carter. (1996). Literature in Language Teaching. London: Oxford University Press. Caasluga Afaan Oromoo Jildii 1ffaa (1995). Gumii qormaata Afaan Oromootiin komishinii fi  Turzimii Oromiyaatti Finfinne.*

*Dastaa Dassaalany. (2013). Bu’uura Qorannoo, Max.2ffaa. Far East Trading PLC.*

*Duulaa  Dilboo . (2008). Xiinxala Dhiyaannaa Dhaamjechoota Afaan Oromoo Kitaa Barataa Kutaa 10.*

*Geetaachoo Rabbirraa (2011), Seerluga Afaan Oromoo. Addis Ababa. Kuraz international Publishing Enterprize.*

*_______.(2014).Furtuu. Caasluga Afaan Oromoo: Meeggaa printing Press. Finfinnee. _______.*

*Mirreessaa Amanuu (2014). Qalbii: Seerluga Oromoo: Mana maxxansaa Elleni p.p.plc. Finfinnee.*

*Mitikkuu Dibbeessaafi Tashoomee Egeree (1992). "Seerluga Afaan Oromoo: Hidha 2ffaa Xiinjecha. Finfinnee.*

*Misgaanuu Gulummaa. (2012). Biiftuu Guddina Afaanii.Finfinnee: Subi printing press.*

**Waraqaa Mirkaneeffannoo**

Ani qorattuun maqaafi mallattoonkoo armaan gaditti eerame kun waraqaan qorannoo kun hojii koo ta'uu isaa ibsa. Hojiin kun kanaan dura yuunivarsitii kamiyyuu keessatti kan hin dhiyaanne, ta'uu isaafi yaadawwan qorannoo kana dubbise hunda isaanii wabii keessatti kaasuu koo mallattoo kootiin mirkaneessa.

**Maqaa Qorattuu**:-________________________________

Mallattoo__________

Guyyaa ___________

**Maqaa Gorsaa**:- _________________________________

Mallattoo _________

Guyyaa __________